# سُورَةُ الفَتْحِ
# Suuraa Fathgi

قبل كل شئ هذه هي سورة الفتح

*Dura dursoo suuran tun {suuratulfat -hgi} je'amti.

وهي مدنية نزلت على رسول الله صلى الله عليه وسلم وهو عائد الى المدينة

*Isiin suuraa madiina'aati tan eega nabiin madiina'aati godaananii irratti bu-ute sanuu hoggaa isaan { hgudeybiya'aa} deebi'an buute.

وآياتها ( ٢٩ )

*Aayaanni isi'ii diiddamii sagali (29)

وترتيبها ( ٤٨ )

*Lakkooysi isi'ii afurtamii saddeeti(48}

نزلت بعد سورة الجمعة

*Isiin eega suuraa jumkgaadhatii buute

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgm-ata xiqqa'aa guddaa qabuutii.

إِنَّا فَتَحْنَا لَكَ فَتْحًا مُّبِينًا ﴿١﴾

l}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad biyya hedduu dirqi'iin yookaa talaan qabatuu sii kenninee jirraa. firdii siif goonee yookaa sii murree jirra. akka qabsoo teetin fuul dura, biyya makkaa, kan kuffaarri harkaa qabu tana, qabattu. Qabatiinsa mul'ataa sii murree dabarsinee jira.

لِّيَغْفِرَ لَكَ اللَّهُ مَا تَقَدَّمَ مِن ذَنبِكَ

*Akka Rabbiin sababaa jihaada keetitiin darajaa tee ol sii fuudhu, dilii teeta dabarte hunda siif araaramuuf,

وَمَا تَأَخَّرَ

* Ammallee akka waan dilii teetirraa booda aane hunda sii araaramuuf. wanni Rabbiin nabiif araaramuu jihaadatti rarraasef ummata isaa, jihaadatti mirqaansu'uufi maalif nabiin dilii hin qabu Rabbiitu dilii hundarraa eegee jiraa akkuma anbiyoota biraa hunda dili'irraa eege,wanni akka dili'ii tan anbiyootarraa argamtu hundi .arga'aan dilii fakkaatti malee, keessi dili'ii miti maalif odoo anbiyoonni waan dilii dalagan tayanii, diin Rabbii namatti geessu'uuf hin amanarnan, Rabbiin isaan jala deemu'utti nama ajajee jiraa, odoo isaan dilii dalaganii Rabbiin diliidhatti nama ajaju'uutu dhufaa.haa tayuu Rabbiin waan hamtu'utti naman ajaju. tanaaf jecha Rabbiin anbiyaa,yookaa ergamoota isaa,dilii hundarraa qulqulleesse,araarri anbiyoonni Rabbi khadhatu, wanni isaanii fidu,darajaa isaanii ol fuudhuu malee, waan biraatii rniti,

وَيُتِمَّ نِعْمَتَهُۥ عَلَيْكَ

*Ammas wanni Rabbiin biyya qabatuu , sii mureef qananii isaa sii guutu'uufi, sitti dhangalaasu'uufi,

وَيَهْدِيَكَ

*Akka jihaadan biyya si qabachiisuudhan, si qajeelchuufi, irratti si jabeessufi,

صِرَٰطًا مُّسْتَقِيمًا ﴿٢﴾

2}*Karaa diriiraa, sun karaa islaamatii.

وَيَنصُرَكَ ٱللَّهُ

*Ammallee akka jihaada keetin biyya makkarratti si moosisuufi,

نَصْرًا عَزِيزًا ﴿٣﴾

3}*Moosisiinsa jabaa.

هُوَ ٱلَّذِىٓ أَنزَلَ ٱلسَّكِينَةَ فِى قُلُوبِ ٱلْمُؤْمِنِينَ

*Rabbiin isa qalbii mu'minaa jabeessee qajeelchee jallatuu dhoowwe,

لِيَزْدَادُوٓا۟ إِيمَٰنًا مَّعَ إِيمَٰنِهِمْ ۗ

*Akka iimaana iimaana isaanirratti ida'ataniif jecha, isaan akkuma aayanni buutun itti dalaganii iimaana ida'atan, akkuma kaafirri jail ina ida'atu, waan aayata buutu hundatti hin arnanneef,

وَلِلَّهِ جُنُودُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ ۚ

*Qeyrun sami'iifii dachi'ii, ta Rabbiitii odoo fedhee,jihaada keetin malee si moosisa qeyrun sarni'ii malaayka'aa ta lafaa waan lafarra jiru,

وَكَانَ ٱللَّهُ عَلِيمًا

*Rabbiin kan waa hunda beekhu,

حَكِيمًا ﴿٤﴾

**4}** *Kan hikmaa qabu. kan waan malu malee hin dalayne.

لِّيُدْخِلَ ٱلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ

*Wanni Rabbiin jihaada yookaa qabsoo haqatti isin kaasef akka sababaa jihaadatiin, dhiiraa, dhalaa, Rabbitti amane seensisuufi,

جَنَّٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ

*Jannata lagootin jala yaatu,

خَٰلِدِينَ فِيهَا

*Kan zalaalamii , jannata san keessa jiraatanii qananii`an

وَيُكَفِّرَ عَنْهُمْ سَيِّـَٔاتِهِمْ ۚ

*Akka sababaa jihaadatiin dilii isaanirraa haqu isaanif araaramu

وَكَانَ ذَٰلِكَ عِندَ ٱللَّهِ فَوْزًا عَظِيمًا ﴿٥﴾

5}*Jannata isaan seensisee dilii isaanii araamuun sun , milkii guddoo rabbi biratti isaanii dabarte

وَيُعَذِّبَ ٱلْمُنَٰفِقِينَ وَٱلْمُنَٰفِقَٰتِ

*Wanni Rabbiin jihaadatti is in kaasef akka dhala'aa dhiira,afaanin islaamaa, gara'aan kaafiraa munaafiqa qixaaxufi,

وَٱلْمُشْرِكِينَ وَٱلْمُشْرِكَٰتِ

* Ammallee akka dhala'aa dhiira afaanifii gara'aan kaafiraa, warra Rabbitti waa qindeessu qixaaxufi,

ٱلظَّآنِّينَ بِٱللَّهِ ظَنَّ ٱلسَّوْءِ

*Orma kuffaaraa kan yaada , yookaa seyiinsa badaa Rabbitti seyan, yookaa yaadan. yaanni badaan isaan seyan Rabbiin rasuula isaa Muhammadiifii, warra isaatti amane, hin gargaaru jechu'u,

عَلَيْهِمْ دَآئِرَةُ ٱلسَّوْءِ

*Badiin isaanitti haa marsituu xiqqeenyafii azaabni isaanin marsee .

وَغَضِبَ ٱللَّهُ عَلَيْهِمْ

*Rabbiin isaanitti dallanee,

وَلَعَنَهُمْ

*Isaan abaaree rahgmata isarraa isaan fageessee,

وَأَعَدَّ لَهُمْ جَهَنَّمَ

*Azaaba ibidaa jabaa, isaanii qopheessee jiraa,

وَسَآءَتْ مَصِيرًا ﴿٦﴾

6} *Yaa hammeenya, bakka isaan, guyyaa boruu itti deebi'anii, sun ibiddaa.

وَلِلَّهِ جُنُودُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Ashkarri sami'iifii dachi'ii kan rabbiitii odoo fedhee,warra isatti balleesse hunda,ashkarra isaa itti bobbaasee, jihaada keessaniin malee, Iafarraa isaan fixa.ashkarri Rabbii kan samii keessa jiru, rnalaayka'aa takkaa ashkarri sami'ii bakakka'aafii, waan isii fakkaatati. am moo ashkarri dachi'ii, dachiin isaanin sosso'uudhafii, isaan liqimsu'uufii, bishaanifii, waan kana fakkaatati hundinuu, waanurna, odoo Rabbiin namatti ergee, ifirraa deebisuu hin dandeenye,

وَكَانَ ٱللَّهُ عَزِيزًا حَكِيمًا ﴿٧﴾

7}*Rabbiinjabaa hikmaa qabu.

إِنَّآ أَرْسَلْنَٰكَ شَٰهِدًا

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad nuti si erginee j irra akka ummata keetif raga baatuf guyyaa qiyaama'aa,

وَمُبَشِّرًا

*Kan warra amane jannataan gammachiiftu,

وَنَذِيرًا ﴿٨﴾

8}*Kan warra amanuu dide azaaban sodaachiftu.

لِّتُؤۡمِنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ *Wanni nabi Muhammad isinitti ergineef, akka Rabbiifii,ergamaa isaa dhugo'oornsitaniifi akka waan inni itti isin yaame dhageessaniifi,

وَتُعَزِّرُوهُ *Akka isaa tumsitanii gargaartaniif,

وَتُوَقِّرُوهُ *Akka Rabbiifii, rassuula isaa guddiftaniifi, Rabbi guddisuun, waan guutuu taye hundaan wassafanii waan ir`uu taye hundarraa isa qulqulleysuu kan akka jaartii qabaatu'uu. Ilmoo qabaatuudhaa, fakkataa qabaatu'uu, hundarraa isa qulqulleysuu, Rabbiin tokkichaa, waa takkan fakkaatu. wanni takkalleen isan fa kkattu, maalif tokkumma'aatu dhabamaa. tokkummaa dhabuun ir'umma'aa. Ammo nabi Muhammad guddisuun inni ergamaa Rabbii kan nama hundatti ergame, kan waan gaarii hundatti, nama yaamee, waan hamtuu hundarraa, nama dhoowu tayuu , isaa yaaduu. Kan Rabbiin waan uume hundarra caalchisee dhugo'oomsuu. hoggaa isa yaaman kabajaadhan yaamuu. akka nama biraa yaarnanitti yaamuu dhabuu, hadiisa isaa aalii isaa jabeessuu,

وَتُسَبِّحُوهُ * Akka Rabbii keessan, waan isaan hin malle hundarraa qulqulleessitaniifi,

بُكۡرَةً وَأَصِيلًا ﴿٩﴾ 9} *Ganamaafii galgala.

إِنَّ ٱلَّذِينَ يُبَايِعُونَكَ *Warri,si wajjiin lolu'urratti, harka si qabatee, baallama siif seene, sun { baallama Ridwaanii},

إِنَّمَا يُبَايِعُونَ ٱللَّهَ *Jarri sun, Rabbumaaf baallama seenan

يَدُ ٱللَّهِ فَوۡقَ أَيۡدِيهِمۡۚ *Harki Rabbii harka isaan harka nabii gubbaa kaayan hundaa.olii.baallama isaan seenan, quba qabaa, ni eega, galata, warra baallama san guutef, galcha,

فَمَن نَّكَثَ *Duuba namni baallama san diige,

فَإِنَّمَا يَنكُثُ عَلَىٰ نَفۡسِهِۦۖ *Ifumatti diige waan balaan sanii isa tuysuuf .

وَمَنۡ أَوۡفَىٰ بِمَا عَٰهَدَ عَلَيۡهُ ٱللَّهَ *Ammoo namni baallama rabbiif seene guute .

فَسَيُؤۡتِيهِ أَجۡرًا عَظِيمًا ﴿١٠﴾ 10}*Rabbiin galata guddaa isaaf kenna gaafni ormi mu'minaa Rabbiif baallama

seene,bara,bara {hgudebiya'aa} je'amu hgudeybiyaan ganda tokko, kan makkatti dhiyo'ooti. Wanni achitti argame nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu, eega madiina'atti galee bara jaheessa'aa keessatti nama kuma tokkoofii dhibba afuriin wajji,madiina'aa ka'ee makka ziyaaru'uu bayan, umraa hidhatanii. Duuba hoggaa bakka {hgudeyb-iyaa} je'amtu gayan, kan kuffaarri makkaa quban qabne, if dura, miila erganiiti, nuti lolaaf hin dhufuee, umra'aaf dhufnee je'anii beysisan, namni isaan kuffaaratti ergan, asaab usmaani. Kuffaarri makkaa, asaab usmaan deebi'uu dhoowwee, if bira tursiise. hoggaa san sheyxaanni, usmaan du'e jechaa waree oofe. Hoggaa san, asaabonni hundi nabi Muhamadiin, kuffaara makkaa, kan ergaa teenya ajjeesse kana, Iolaan itti seenna je'aniin. Akkasitti hundi isaanii harka nabii qabatanii lolarratti walii kakatan. kuffaarri san dhageenyan asaab usmaan, duraan hidhan, gad lakkisanii, tola barbaadan.akka bara kana nabiin madiina'atti deebi'ee, bara dhufu, kan guyyaa sadii malee sanii makka keessa hin teenye, barbaadanii, kaayoo nabiin wajji godhatan. akkasitti nabiifii asaabonni gara madiina'aa deebi'an. kan makka hin seen in umraa achitti hiikkatanii. haa tayuu isaanii (asaabaa} akkamitti dhaquu oolle je'ee, qalbiin caphxe, deebi'an. duuba isaanii gara rnadiina'aa yaa'u suuran tun nabi muhamadirratti buutee, Rabbiin biyya makkaa qabattee akkasuma biyya biraa hedduu qabattee beekhi je'ee, nabiifii, asaabota gammachiisee, abdachiise. duuba orma gaafas nabi Muhammadiin wajji jiru (I400}, kan lolarratti ballamaa isaaf seene, Rabbiin eega faarsee. warra madiina'aa hin bayin, kan nabiin, nu wajji bayaa je'een dubbatee akki je'e.

سَيَقُولُ لَكَ ٱلْمُخَلَّفُونَ مِنَ ٱلْأَعْرَابِ

*Warri baadiya'aa,kan naannoo rnadiina'aa taa'u, kansi jalaa hafe kuffaara qureyshi'ii soda'aaf,wanni isaan waliin je'an: si Rassuulli Rabbii qureyshii lola badritti nama duraa fixe, kan isaanis madiina'atti duulanii, gaafa lola uhgud, asaabota isaa duraa fixan, jara jabaa, akkasitti, laalaa qabu, biyya isaanitti itti dhaqaa? nuti isaan wajji, hin baanu je'aniiti jalaa hafan. kanuma nabiin, umra'aaf de emnaa, haa tayuu qureyshin nuun loltu hin beynuu, bayaa je'een, duuba Rabbiin qur'aana nabirratti buusee, odoo inni madiina'atti hin deebi'in, akki je'een:warri si jalaa hafe siin je'uuf jiraata, hoggaa ati galte,

شَغَلَتْنَآ أَمْوَٰلُنَا وَأَهْلُونَا فَٱسْتَغْفِرْ لَنَا ۚ

*Yaa rassuula Rabbii, hori'iifii, fira, yookaa maatii teenya tiysu'uutu si wajji bayuu, nu hanqisee,balleesinee araara Rabbirra, nu barbaadi, siin je'an,

يَقُولُونَ بِأَلْسِنَتِهِم مَّا لَيْسَ فِي قُلُوبِهِمْ

*Jarri sun waan qalbii,yookaa garaa isaanii keessa hin jirre,arraba isaanitiin je'an . isaan waan himatan keessatti, ni kijiban, akkasuma araara Rabbirra nuu barbaadii je'an, ni kijibanii, afaanin je'an malee, gara'aan hin je'an,

قُلْ فَمَن يَمْلِكُ لَكُم مِّنَ اللَّهِ شَيْئًا

*Wanni isaanin jettu: mee eenyu namni waan Rabbiin mure isinirraa deebisuu dandayu?,

إِنْ أَرَادَ بِكُمْ ضَرًّا

*Yoo Rabbiin waan isin dararu , yookaa isin miidhu.isinitti mure,eenyutu isinirraa deebisee eenyutu akkan dararamne isin godha, kan du'a soda'aaf nu jalaa haftaniif ? nam tokkolleen kan isinirraa deebisu hin jiru jechu,

أَوْ أَرَادَ بِكُمْ نَفْعًا

*Takkaa ,yoo Rabbiin, waan nafii qabu, isinii dabarse, eenyutu isin dhowwatuu dandaya? namni dandayu hinjirujechu',

بَلْ كَانَ اللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرًا ﴿١١﴾

ll}*Rabbiin kan waan is in jaalattanii dalaydan hunda beekhu, akkuma waan isin haqa godhattan hunda beekhu. Waan gaarii tayuu, waan hamtuu tayuu.

بَلْ ظَنَنتُمْ أَن لَّن يَنقَلِبَ الرَّسُولُ وَالْمُؤْمِنُونَ
إِلَىٰ أَهْلِيهِمْ أَبَدًا

*Inumaa isin waan nabiifii, asaabonni isaa maatii isaanitti abaduma hin deebine seetan. humna qureyshi'ii laaltanii, waan qureyshin isaan fixxu seetanii,

وَزُيِّنَ ذَٰلِكَ فِي قُلُوبِكُمْ

*Nabiifii asaaban , harka qureyshi'itti, dhumanii warra ifitti deebi'uu dhabuun isinitti barreeffamee qalbii teessan seenee,

وَظَنَنتُمْ ظَنَّ السَّوْءِ

*Seyiinsa hamaa seentan. sun nabiifii asaabonni isaa,madiina'atti deebi'uu dhabu'uu,

وَكُنتُمْ قَوْمًا بُورًا ﴿١٢﴾

12}*Sababaa seyiinsa hamaa kanaatin, Rabbi biratti warra baderraa lakkaawamtan.

وَمَن لَّمْ يُؤْمِن بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

*Namni Rabbiifii, rasuula isatti hin amanin ,inni warra badee, ni qixaaxama,

فَإِنَّا أَعْتَدْنَا لِلْكَافِرِينَ سَعِيرًا ﴿١٣﴾

13}*Nuti warra kafaree badeef, ibidda akkaan balbelu, qopheessinee jirraa.

وَلِلَّهِ مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Qabeenyi sami'iitifii kan lafaa kan Rabbiitii, waan fedhe isaan lamaan keessatti dalaga,

يَغْفِرُ لِمَن يَشَآءُ

*Inni nama fedheef araarama, yoo amane

وَيُعَذِّبُ مَن يَشَآءُ

* Ammallee nama fedhe qixaaxa,

وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا ١٤

14}*Rabbiin kan namaaf araaramu kan rahgmata namaaf godhu.

سَيَقُولُ ٱلْمُخَلَّفُونَ

*Warri isin jalaa hafe sun, je'uuf jiraata,

إِذَا ٱنطَلَقْتُمْ إِلَىٰ مَغَانِمَ

*Hoggaa isin ,waan yahuudin ,biyya ( kheybar}qabdu, boojiyu'uu kaatan, eega hgudeybiya'arraa deebitanii,

لِتَأْخُذُوهَا

*Waan boojitan fudhatu'uu jecha hoggaa duulu'uu kaatan,

ذَرُونَا نَتَّبِعْكُمْ

*Wanni isaan je'an: isiniin wajji yaanee,waan boojiyame fudhannaa, nu dhiisaa, isiniin je'an,

يُرِيدُونَ أَن يُبَدِّلُوا۟ كَلَٰمَ ٱللَّهِ

*Isaan akkas jechuu saniin, dubbii rabbiiti jirjiiruu fedhan, baallama Rabbiin warra (hgudeybiyaa} dhaqee. Odoo makka hin seenin, odoo waa takka hin boojiyin, harka qullaa deebi'eef, bakka biraatiin, isin qofaaf, waan boojitan kenna je'ee Rabbiin baallama seenef, jirjiiruu fedhan, wajji fudhatu'uun,

قُل لَّن تَتَّبِعُونَا

*Wanni isaanin jettu, nu jala hin deemtan biyya {kheybar} tan yahuudin qabdutti nu wajji hin duultan,

كَذَٰلِكُمْ قَالَ ٱللَّهُ مِن قَبْلُ

* Akkan isiniin je'e kana, Rabbiin odoo nuti madiina'atti hin deebi'in je'ee dabarse. wanni Rabbiin je'ee dabarse: akka wanni kheybarirraa boojiyame, warra makkarraa deebi'e qofaaf kennamu. kan namni isaan hin tayin tokkolleen, qooda keessaan qabne kana wanni Rabbii mure,

فَسَيَقُولُونَ بَلْ تَحْسُدُونَنَا

*Duuba hoggaa isin waan Rabbiin jee itti himtan, wanni isaan isiniin je'an: wanni nu jalan deeminaa nuun jettaniif, waan argattan nuu quudhuu dhabu'uuf, akkas jettan, isiniin je'an,

بَلۡ كَانُواْ لَا يَفۡقَهُونَ إِلَّا قَلِيلٗا ١٥

15}*Jarri sun, diin islaamirraa waa xiqqo malee,hin beekan. wanni isaan beekkan waanuma addunya'aati.

قُل لِّلۡمُخَلَّفِينَ مِنَ ٱلۡأَعۡرَابِ

*Warra Rabbiin isin jala deemu'urraa hambise, kan akkas je'uun, akka jettu,

سَتُدۡعَوۡنَ إِلَىٰ قَوۡمٍ

*Ummata tokkoon lolu'utti yaamamtan,

أُوْلِي بَأۡسٖ شَدِيدٖ

*Warra human jabduu qabu warri humna jabduu qabu sun, warra {museylimatalkazzaab banuu haniifa'aa } Namni isaanin lolu'utti isaan yaame asaab abuu bakrissiddiiqi, eega nabiin gara aakhira'aa dabree, takkaa ormi jabaan sun faarisiifii, ruumi namni itti isaan yaame, asaab urnari.Takkaa ormi jabaan sun (hawaaziniifii, ghaxafaani}. guyyaa lola huneynii. namni gaafas itti isaan yaame nabi Muhammadi gaafas aayanni zalaalamii warri jihaadarraa hafe, deebi'ee nabiin wajji duulu'urraa dhoowwitu hin buunee. duuba isin yaa warrajihaadarraa hafe, ormajabaadhan lolu'utti yaamamtan.

تُقَٰتِلُونَهُمۡ

*Kan orma jabaa saniin loltan,

أَوۡ يُسۡلِمُونَۖ

*Takkaa isaan islaamayan duuba yoo Iolaan male'etti islaamayan. Hin ajjeesinaa,

فَإِن تُطِيعُواْ

*Duuba, yoo tole jettanii, jara jabaa saniin loltan, ajjeeftanii takkaa islaamayan,

يُؤۡتِكُمُ ٱللَّهُ أَجۡرًا حَسَنٗاۖ

*Rabbiin galata gaarii isinii kenna,

وَإِن تَتَوَلَّوۡاْ

*Yoommoo duuluu diddanii duularraa gara galtan,

كَمَا تَوَلَّيۡتُم مِّن قَبۡلُ

*Akkuma gaafa duraa duuluu diddanitti, bayuu, diddanitti,

يُعَذِّبۡكُمۡ عَذَابًا أَلِيمٗا ١٦

16}*Rabbiin azaaba isin laalessu isin azzaba. Yookaa q ixaaxa.

لَّيۡسَ عَلَى ٱلۡأَعۡمَىٰ حَرَجٞ

*Namni ija hin qabne yoo lolarraa hafe, dilii hin qabu,

وَلَا عَلَى ٱلۡأَعۡرَجِ حَرَجٞ

*Namni naafa qabu yoo lolarraa cole dilii hin qabu,

وَلَا عَلَى ٱلْمَرِيضِ حَرَجٌ

*Namni dhukkubni lolarraa isa dhowwu itti jiru, yoo lolarraa oole diliin qabu. kun hundi yoo diinni biyyatti hin jigin. ammoo yoo biyya seene lolli namurrattuu dirqama waan dandayanun,

وَمَن يُطِعِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ

*Nama Rabbiifii ergamaa isaa dhagayu kan waan inni dalagi je'een dalagee. Waan inni dhiisi je'uun dhiisu,

يُدْخِلْهُ جَنَّٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ

*Jannata masnoo isaa jala manneen isaa jala lagootin olii gad yayaatu seensisa,

وَمَن يَتَوَلَّ

*Ammoo nama waan Rabbiifii, rasuuIIi isaa je'u dhagayuu didee, irraa gara galu,

يُعَذِّبْهُ عَذَابًا أَلِيمًا ﴿١٧﴾

17}*Azaaba isa laalessu isa azzaba qixaaxa jabaa qixaaxa.

۞ لَّقَدْ رَضِىَ ٱللَّهُ عَنِ ٱلْمُؤْمِنِينَ إِذْ يُبَايِعُونَكَ تَحْتَ ٱلشَّجَرَةِ

*Siifan khakkadhaa dhugumaan Rabbiin jaalatee jira, orma mu'minaa kanneen gaaddisa mukaa sanii jalatti lolaaf siif kakkaterraa jaalate wanni nabi Muhammed asaabota isaa akka qureyshi'iin Iolan, baallama irraa fuudhee khaysiisef, isaatu asaab usmaan warra makkaa kuffaaratti ergee, an lolaan dhufnee,mana Rabbii guddisee ummraa godhu'uufi, je'een. Asaab usmaan dhaynaan, qureyshin aarteti, akkamitti muhammad kan badriifii, uhuditti wal dhooynee, walirraa nama fin'e, kan biyya isaa madiina'atti itti duullee, isa balleessuu yaannu. nu tuffatee, biyya teenya, makka seenu'uu deema je'anii, asaab usmaan hidhan. nabi Muhammad hoggaa san dhagayu, asaabota isaa kum tokkoofii dhibba afuriin akka qureyshi'iin lollu akka ni dhumna malee if duuba hin deebine, naa kakadhaa je'een, duuba muka guddaa samuraa je'amu dhaddacha fakkaataa jalatti asaabonni harka isaanii harka nabi Muhammad gubbaa khaayatanii, jihaada keessatti du'urratti, nabiif khakhatan. bakka asaab usmaan kan achin jirri. Nabi Muhammadiitu harka isaa kan bita'aa harka isaa kan mirgarra kaaye, yaa Rabbi, usmaan, haajaa teetifii, haajaa ergamaa keetitiif deeme je'ee. duuba kuffaarri makkaa, hoggaa ashkarri islaamaa, lolaaf khakhatuu dhagayu, asaab usrnaan gad dhiisee tolaan, wajji haasawuu barbaadanii wal taya tokko godhatan,

فَعَلِمَ مَا فِى قُلُوبِهِمْ

*Duuba Rabbiin, waan garaa, orma 1olaa muratee san keessa jiru argeeti beekee, isaanirraa jaalatee,

فَأَنزَلَ ٱلسَّكِينَةَ عَلَيۡهِمۡ

*Qalbii takkaan, lolaaf muratuu.isaan qunnamsiisee,

وَأَثَٰبَهُمۡ فَتۡحٗا قَرِيبٗا ١٨

18}*Mooyannaa mooyanna warra mak-
kaa mooyatu'urra as dhiyo'oo isaanii kenne.sun qabatiinsa biyya {kheybarii} tan hoggaa hudeybiya'arraa baatii hajjidhaa keessa deebi'an, hanga baatin arafa'aa dhumtu, madiinaa taa'anii, hoggaa baatin ashuura'aa seentu. Lola kheybariif bayan. duuba hoggaa achi gayanii naannoo mandara biyya sanii qubatan, nabi Muhammad akki je'e: boru ganama nama Rabbiin jaalatu, kan rasuulli isaa jaalatuttan, baandiraa kenna. kan kuffaara (kheybar} yahuudaa caphsee, kheybar qabatu je'e. duuba namuu eenyumaje'eeti yaade. hogaa bariyu asaab aliyyitti nama ergee (aliyyis} naa yaami je'een, hogaa aliyyitti dhaqu, kan ilii isaa akka biratti dhukkubdu arge. duuba deebi'eeti ijaatu dhukkuba je'een, hoggaa san harkisii fide je'eenii harkisii fide kan ija banatuu hin dandeenye. duuba nabi Muhammad ija isaa addaan qabeeti itti tufe,hoggaa itti tufu fayyiteeti akka waan takkaa hin dhukkubsatinii taate. akkasitti bandiraa lolaa nabirraa fudhatee, lolatti qajeele wanni lolli jalqabeen asaab, aliyyiifii mootin (kheybar}, dirree walii bayu', walii baanan asaab aliyyi mootii kheybar kan (murhabuu} je'amu ajjeesse, achirraa kheybar caphxee horii guddaa isi'irraa boojiyanii, biyya san qabatan.

وَمَغَانِمَ كَثِيرَةٗ يَأۡخُذُونَهَاۗ

*Tanaaf Rabbiin boojuu hedduu fudhatan je'e,

وَكَانَ ٱللَّهُ عَزِيزًا

*Rabbiin jabaa waan fedhe dalagu,

حَكِيمٗا ١٩

19}*Kan waan malu malee hin dalayne.

وَعَدَكُمُ ٱللَّهُ مَغَانِمَ كَثِيرَةٗ تَأۡخُذُونَهَا

*Rabbiin waan kuffaararraa fudhatu'uu teessan heddu'uuf if isinii qabe.biyya hedduu isin qabachisu'uu taa'urraa akka boojuu hedduu argattan baallama isinii seenee,

فَعَجَّلَ لَكُمۡ هَٰذِهِۦ

*Duuba boojuu ,hedduu argatu'uu teessanirraa, ta kheybar tana, isiniif jarjarse,

وَكَفَّ أَيۡدِيَ ٱلنَّاسِ عَنكُمۡ

*Ammas waan Rabbiin isiniif godherraa gaafa isin umra'aa jettanii baatan yahuudaa madiina'aa, ta maatii teessan fix u'uu kaate .sodaa gara'atti darbinee, waan ka'aniifirraa dhaabbatan,

وَلِتَكُونَ ءَايَةٗ لِّلۡمُؤۡمِنِينَ

*Wanni san hunda isinii goonef akka

goonef akka Rabbiif galata galchitaniif ammallee akka wanni isiniif gone sun, milikkata Rabbiin mu'minaa dirmatu'uu, isaanii taatufi. Akka ragaa nabi Muhammad, dhugaa dubbatu'uu isaanii tayu'uufi. Maalif nabi Muhammad hoggaa hudeybiya'arraa harka qullaa, kan umraa hin godhin, kan horiin boojiyin, madiina'atti deebi'an ashkara isaa, kan qalbiin caphxe argeeti, horii hedduu, araarama guddaa, Rabbiin isinii kennu'uuf, if isinii qabee, hin yaaddawinaa makkas, ni dhayxanii je'een, duuba mil ikkata wanni Rabbiin je'e, dhugaa tayu'uu godhu'uuf, waan boojitan, hedduu san, isinii kenne,

**20}***Ammallee akka karaa qajeelaa, وَيَهۡدِيَكُمۡ صِرَٰطٗا مُّسۡتَقِيمٗا ﴿٢٠﴾

---

Rabbitti irkatuuu kan waa hunda isatti dhiisu'uu, isin qajeelchufi, akka waan sanirra Rabbiin caalu akka fedhetti, bakka fedhee, waan fedhe namaa kennaa, hubattaniif, isinii kenne. Yookaa godhe.

| | |
|---|---|
| *Ammas waan booju'uun argattan heddu'uutu, isiniif jira, | وَأُخۡرَىٰ |
| *Tan takkaa hin qabatin, tan qabatu'uu teessan, | لَمۡ تَقۡدِرُواْ عَلَيۡهَا |
| *Kan Rabbiin,horii san hunda , fudhatu'uufteessanii, wanni sun, teessanii, beekhee jiru,sun mangistii lama, gurguddoo , gaafas addunyaa bulchitu, faarisiifii, ruum, cabsitanii biyya isa anii qabatu'uu, | قَدۡ أَحَاطَ ٱللَّهُ بِهَاۚ |
| 21}*Rabbiin keessan,kan waa hunda dandayuu, wanni hundi kan isaatii. | وَكَانَ ٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٗا ﴿٢١﴾ |
| * Kuffaarri makkaa odoo silaa bakka (hgudeybiya'aa}sanitti (sgulhgii} barbaaduu baatanii isiniin lolanii. | وَلَوۡ قَٰتَلَكُمُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ |
| *Silaa caphaniiti dheefa irra gad taa'an, | لَوَلَّوُاْ ٱلۡأَدۡبَٰرَ |
| *Duuba nama isaan tiysu hin argatan, | ثُمَّ لَا يَجِدُونَ وَلِيّٗا |
| 22}*Nama isaanii dirmatee orma islaamaa isaanirraa deebisu, hin agartan. | وَلَا نَصِيرٗا ﴿٢٢﴾ |
| *Mu'mina gargaaree, kaafira caphsuun, karaa Rabbiiti, aadaa isaati, | سُنَّةَ ٱللَّهِ |

ٱلَّتِي قَدۡ خَلَتۡ مِن قَبۡلُ
*Tan warra dur keessatti argamtee, dabarte. kan hoggaa anbiyootafii, kuffaarri, lolaaf, wal dura dhufe,anbiyoonni mooyee, kuffaarri mooyamu,

وَلَن تَجِدَ لِسُنَّةِ ٱللَّهِ تَبۡدِيلٗا ٢٣
23}*Karaan, Rabbii,jirjiiramuu hin agartu kaafiraafii mu'minni yoo wal dura dhufan .mu'minaatu booddee mooya. yoo niyaan tolte.waan malaaykan buutee isaan gargaartuf

وَهُوَ ٱلَّذِي كَفَّ أَيۡدِيَهُمۡ عَنكُمۡ
*Rabbiin isa kuffaara qureyshi'ii harka isaanii isinirraa qabe,

وَأَيۡدِيَكُمۡ عَنۡهُم بِبَطۡنِ مَكَّةَ
*Kan kuffaararraa harka keessan qabe bakka (hgudeybiyaa} je'amtutti tan makka maddii jirtu,

مِنۢ بَعۡدِ أَنۡ أَظۡفَرَكُمۡ عَلَيۡهِمۡۚ
*Eeguma rnooyattanii , isaan qaqqabdaanii, akka ajjeesuu ooltanii, gad lakkiftan is in godhe, Wanni odeeffame: hoggaa ashkarri nabi muharnmad (hgudeybiya} qubatu ashkara kuffaararraa namni saddeettam dhufeeti gaadee ashkara nabii dhawuu fedhe. keessattuu nabi muhammad ajjeesuu fedhan,duuba nabiin ashkara qureyshi'ii sanitti ashkara isaa kaasee, qaqqabanii nabitti fidan. hoggaa san nabi muharnrnad dhiifama godheefii, gad lakkisee, sababaa saniin wal tayiinsi,nabiifii,qureyshii jiddu'utti argame.ormi kuffaaraa wanni je'e ashkara keenya qaqqabanii gad dhiisun, waan namni jabaan, humna guddoo qabu, dalagu malee, waan namni laafan dalaguu rnitii hubatanii sgulhgii barbaadan,

وَكَانَ ٱللَّهُ بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرًا ٢٤
24}*Rabbiin kan waan kuffaarri dalagu, kan isin dalaydan hunda argu.

هُمُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَصَدُّوكُمۡ عَنِ ٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِ
*Isaan warra Rabbitti kafaree, nabi muhammadiifii ,asaabota isaa, makka seenanii, kakgba'aan xawaafuu dhoowwan. Gaafa hgudeybiya'aa, amata kanaa mitii amata dhufu koottaa je'aniinii,

وَٱلۡهَدۡيَ مَعۡكُوفًا أَن يَبۡلُغَ مَحِلَّهُۥۚ
*Kanneen wareega nabiifii, asaabonni aaf jecha nabiifii, asaaban, wareega deernaniin, warri makkaa hgarama seenuu isaan dhoowwinaan bakkuma itti dhoowwaman sanitti qalan, Wanni isaan achitti qalan, gaala torbaatami (makgkuuf} jechuun: kan hidhame yookaa ittifame jechu'u. wareegni gala takkaa horii takkaa re'eedha,

| | |
|---|---|
| *Odoo dhiirti Rabbitti amante, | وَلَوۡلَا رِجَالٞ مُّؤۡمِنُونَ |
| *Ammallee dhalaan Rabbitti amane kanneen makka keessa kuffaaran wajji jiran, yookaa taa'an, | وَنِسَآءٞ مُّؤۡمِنَٰتٞ |
| *Kan isin amanuu isaanii quban qabne, yookaa hin beyne, | لَّمۡ تَعۡلَمُوهُمۡ |
| *Odoo hin beyne kuffaara seetanii isaan ajjeeftanii, | أَن تَطَـُٔوهُمۡ |
| *Diliin, yookaa cubuun, sababaa saniin isinii hin beyne isin tuquu.jibuu baannee, silaa makkatti duula'aa, caphsa'aa, qabadhaa, jenneeti iznii isinii goona. haa tayuu akka wallaalan orma mu'minaa hin ajjeefnefjecha iznii isiniifhin goone, | فَتُصِيبَكُم مِّنۡهُم مَّعَرَّةُۢ بِغَيۡرِ عِلۡمٖۖ |
| *Rabbiin nama fedhe,rahgmata isaa keessa seensisu'uuf jecha, | لِّيُدۡخِلَ ٱللَّهُ فِي رَحۡمَتِهِۦ مَن يَشَآءُۚ |
| *Silaa odoo,warri makka keessatti, amaneefii, kuffaarri makkaa adda fooyamanii, adda beekkamanii, | لَوۡ تَزَيَّلُواْ |
| *Silaa warra makkarraa, jara kafare, mara ni qixaan'a itti is in duulchifnee, | لَعَذَّبۡنَا ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنۡهُمۡ |
| 25}*Azaabajabaa isaan laakessu isaan | عَذَابًا أَلِيمًا ٢٥ |

azzabna kuffaarri makkaa ergaa nabitti erganiiti {hgudeybiya'atti} itti dhaqanii.arnata kana,makka nutti hin seeninii, nurraa deebi'ii, bara dhufu koottaa, guyyaa sadii keessatti , kgumraa gootee baataa, ammas nama nurraa sitti dhufe, islaamayee, nuuf deebifta, je'aniin, ammoo nabi muhammad waan kuffaarri narra barbaade nan eehamaaf je'ee kakhatee jira .duuba nabiin asaab aliyyi yaamee waan irratti wal taane kana katabi je'eenii, Jalqaba (Bisrnillaahirrahgrnaanirrahgiim} katabe, hoggaa inni katabu kuffarri wanni je'e nuti rahgmaan dubbii teenya keessatti, waanuma nuti beynu katabi: {Bisrnikallaahummajje'ee hin beynuu, nuu katabi je'aniin, jennaan nabbiin aliyyiin katabi je'een. Ammas aliyyiin wal taya san katabuu itti fufee, wanni katabe: wanni xalayaa tana keessatti katabame, waan Muhammad ergamaa rasuula Rabbiitifii, ward rnakkaa, irratti walii gale jechaa, katabe katabnaan kuffaarri wanni je'e yaa mahammad odoo ati ergamaa Rabbii tayuu fudhannee, silaa sittin duullu. Si ajjeessu'uuf sin barbaannu makka, biyya Rabbirraa, sin dhowwinuu. Tanaaf jecha wanni katabdu (kun waan nabi Muhammad ilmi abdall-

aahitiifii warri makkaa itti wal taye je'ii katabi, ergamaa Rabbii jechuu irraa dhiisii, hoggaa san asaabonni waan kuffaarri je'u didanii ergamoota isaanii fixuu fedhan.haa tayyuu Rabbiin qalbii isaanii qabbaneessee obsan, ammo nabi Muhammed waan isaan barbadan hunda ni eeharneef, waan ajaja Rabbiitin dalaguuf jecha, wanni isaan irratti walii galanii kataban waa sadii sun:
l}Nabiin amma madiina'atti deebi'ee, bara dhufu, dhufee, guyyaa sadii keessatti umraa godhu' kan meeshaa lolaa, seyfii malee, hin ba'anne.
2}Nama kuffaararraaislaamaye nuu deebisuu.
3}Kuffaarri nama islaamaa kan kafaree itti dhaqe, deebisuu dhabu', Asaabotatti wanni ulfaate, nama kuffararraa islaamaye, kuffaratti deebisuu, fudhatuu faaydaa wal tayiinsi sun, islaamaf qabu, kan Rabbiin nabi Muhammad beysise, isaan hin beynee, haa tayuu booda keessa mul'atteef. maalif warri kuffaararraa islaamaye nabitti hin dhaquu kophaa jabhaa islaamaa makkaa madiinaa, jiddu'utti bananii, namuma kuffaararra amanu, hunda ifitti qabanii, qureyshii kuffaara makkaa, sossoo'uu kutan. Warra makkaa, kan shaam dhaqee shammadatuu ture, karaa dabruu kutanii, horii warra makkaa, bakka dheedatti dhaqanii duraa boojiyu'uun, galaa godhatu'uun qureyshi'itti ibidda qabsiisan. ammon nabi Muhammad qureyshiidhan hin lolu. waan bara kudhan wal hin lollu je'anii baallama walii seenaniif. jarri islaamayu kun, odoo nabi biraa jiraatanii qureyshi'iin loluu hin dandayan nabi muhammad jara islaamaye san if biratti hin dhiifne yoo dhalaa taate malee, jara jabhaa banate san qaqqabee, kuffaaraa deebisuun isarra hin jirru, duuba qureyshin rakkattee, akka taatu dhabnaan, nabi muhammaditti ergitee, jara kana karaa keessaa nurraa fuudhii, if biratti qabi, je'aniin. Akkasitti sulhgiin hudeybiya'aa tan gubba'aan namni hamtuu seye, keessan islaamaa tolte. islaama makka keessajiru, kan namni hin beyne tayuu kaanii tayuu.

إِذۡ جَعَلَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ فِي قُلُوبِهِمُ ٱلۡحَمِيَّةَ

*Rabbiin akki je'e:odoo warri islaamaa kan makka keessa jiru kuffaaran walitti makamuu baatee.adda fooyamee, silaa orma kufaaraa san ni qixaan'a gaafa yookaa hoggaa isaan qalbii isaanii keessa, if guddisuu, seensisanii, haqa didan san, wanni didaniif.,

حَمِيَّةَ ٱلۡجَٰهِلِيَّةِ

*Tumsa, warra waan beynee, baaxilaaf yookaa karaa jallaa, isaan irratti jiraniif tumsanii, (Rahgmaan} hin beynu ji'anii, Muhammad ergamaa Rabbii tayuu eehamuu didanii, kan ormi islaamaa hundi, aaree dubbii tanarratti orma kuffaaraa dhayu'uu ka'e. duuba ormi islaamaa kan makka keessa kuffaaran wajji jiru odoo hin

beyne harka orma islaamatti dhumuu jibbu'uuf Rabbiin orma islaamaa lolarraa dhoowwee,

فَأَنزَلَ ٱللَّهُ سَكِينَتَهُۥ عَلَىٰ رَسُولِهِۦ

*Rabbiin, qalbii nabi muhammad qabba neesse, aaruu dhoowwe,

وَعَلَى ٱلْمُؤْمِنِينَ

* Akkasuma qalbii warra islaamaa aara irraa deemsisee, qabbaneessee, (sguI-hgii} yookaa wal taya, wajji godhatan. akka kuffaaratti if guddisanii waan kana hin eehamnu je'anii, lola maraxatanii, isaanin hin lollee,

وَأَلْزَمَهُمْ كَلِمَةَ ٱلتَّقْوَىٰ

*Rabbiin jecha sodaa Rabbiiti orma isl-aamaa qabsiisejachi sodaa Rabbii { Iaa ilaaha illallahu muhammadun rasuulu-lIaah} jechu',

وَكَانُوٓا۟ أَحَقَّ بِهَا

*Ormi islaamaa, kuffaararra, jecha san haqa godhatan,

وَأَهْلَهَا

*Isaan, warra jecha saniiti. Jechi sun jecha kufri'iin sodaatan jecha, namni isa je'e kufrii jalaa bayu, duuba Ra-bbiin jecha san isaanii maraxee, isaan qunnamsiisee warra { laa ilaaha illa lIaahu Muhammadun rasuulullaahiidhaa} isaan godhe. Isiin jecha tawhgiidatii,

وَكَانَ ٱللَّهُ بِكُلِّ شَىْءٍ عَلِيمًا ﴿٢٦﴾

26}*Rabbiin kan waa hunda beekuu.

لَّقَدْ صَدَقَ ٱللَّهُ رَسُولَهُ ٱلرُّءْيَا بِٱلْحَقِّ

*Rabbiin, abjuu ergamaa isaa agarsiise, dhugo'oomsefii j ira,abjuu dhuga'aa, tan kijibni keessa hinjirre garsiise,

لَتَدْخُلُنَّ ٱلْمَسْجِدَ ٱلْحَرَامَ إِن شَآءَ ٱللَّهُ

*Wanni Rabbiin manaamatti, yookaa abju'utti garsiise, makka, yoo Rabbi je'e dhayxaniiti, ka'ba'aan xawaaftan,

ءَامِنِينَ

*Isinii hoggaa makka seentan, waa ta-kka hin sodaanne,

مُحَلِّقِينَ رُءُوسَكُمْ

*Isinii mataa keessan haaddatu,

وَمُقَصِّرِينَ

* Ammallee isinii gariin keessan mataa ciratu, dhiirafhaaddu'uutu irra caala,

لَا تَخَافُونَ

*Kan abaduma waan isin miidhu hin sodaanne nabi Muhammad abju'utti yo-okaa manaamatti kana garraan, nama kumaafii dhibba afuriin wajji, ma-kka dhaqu'uu bayan. duuba hoggaa {hudeybiyaa} gayan, kuffaarri ma-kka seenuu isaan dhoowwee, haa tayuu amata dhufu makka dhufu'urratti

{walii galanii}katabanii,nabiifii ashkarri isaa madiina'atti debi'anii, waa xiqqo taa'anii, baatii sgafar keessa (kheybar} biyya yahuudi'itti duulanii, caphsanii qabat anii, horii guddaa boojiyanii, warra {hudeybiyaa} dhaqe qofarra qoodan. kan warri biraa achin dhufin. Warra habasha'arraa deebi'e malee. haa tayuu asaabonni gariin, odoo makka hin seenin deebi'uun isaanitti ulfaate. wanni isaan hawwaniifmakkuma seenuu.odoo wanni feetelleen taatee. Duuba Rabbiin warra dubbiin sun itti ulfaatten akki je'e,

فَعَلِمَ مَا لَمْ تَعْلَمُوا

*Rabbiin waan isin hin beyne beeketi .faaydan sgulhgii keessa isinii jirtii beekhee, sgulhii isin goosisee,

فَجَعَلَ مِن دُونِ ذَٰلِكَ فَتْحًا قَرِيبًا ﴿٢٧﴾

27}*Makka seenuu dura mooyannaa as dhiyo'oo isinii kenne. yookaa isinii, godhe. sun biyya (kheybar} qabatu'uu, duuba bara kaan nagayaan makka dhaqan. kan waa takka hin 50 daanne. waa takka soda dhabuun wanni irraa dhufte, wal tayiinsa hgudeybiya'aa sani, nabi muhammad, akka qureyshin baallamarra jirtu laalu'uu jecha, hoggaa amata kaan,gizeen geessee bayu'uu ka'u, nama meeshaa lolaatin wajji if dura erge. qureyshin san garraan nama nabitti ergitee si baallama amata - BARA- dabre itti wal (taane} san, diiydeti nutti duultee, yaa muhammad je'aniin. jennaanin lakkii maal gartan je'een. Duula akkanaati bakka akkanatti garre je'aniin. Jennaanin sun isiniifii mitii biyya akkanattin erge je'een, jennaanin ee akkana. Nuti wanni sirraa barre baallama guutu'u malee diigu'uu miti je'aniin. Akkasitti nabi muhammadiifii .asaabonniisaa makka seenananii, warri makkaa, dhiirti, makka keessa baatee, dhala'aafii joollen nabi muharnmad daaw'atu'uuf, kara'atti bayanii, nabiifii, asaabonni kakgba'aan xawaafan. nabi muhammad wanni dhagaye qureyshin akki jettu ormi islaamaa, kanneen,buseen lafee caphsitee, moorgaya laaffifteetu, dhufa jechaa, dhageenyan, orma asaabotaatin akki je'e: jebeenya keessan mul'isaa, tanaaf jecha, xawaafa torbanirraa, sadeen duraa isinii {seysakhu} xawaafaa je'een.duuba queryshin san garraan wanni waliin jette: jara kanaa, kan isin, Iaydaan madiina'aa laaffifte jettan? inumaa jarri kun wanni'iifii, wanni'irra jajjabo'oo je'an. Kun hundinuu diina duratti laafina tokkollee mul'isuun hin gayu jechu'uufi laafina beekkomsaa tayuu, kan hori'ii tayuu , kan humnaa tayuu , kan dubbi'ii tayuu kan teessumaa tayuu, kan amnaa tayuu, humna waan kanaa hunda mul'isuun waajiba, yookaa dirqama, akkanatti Rabbiin waan nabiyyii isaa manaaman, yookaa abju'uun garsiise argarnsiisee agarsiise.

هُوَ ٱلَّذِىٓ أَرۡسَلَ رَسُولَهُۥ بِٱلۡهُدَىٰ
*Rabbiin isa ergamaa isaa Muhammad beekkomsa faaydaa qabuun erge. Qajeello`oon

وَدِينِ ٱلۡحَقِّ
*Ammallee diin yookaa shari'aa haqaatin erge, sun diin islaamatii,

لِيُظۡهِرَهُۥ عَلَى ٱلدِّينِ كُلِّهِۦۚ
*Diin islaamaa kana diin hundaa ol godhu'uuf. maalif shari'aan islaarnaa waan shari'aa taye, tan isa dura dabarte, hunda, ni shaarti. waan islaarnni, waan shari'aa, isa dura dabarte keessa jiru, hunda walitti qabatee, waan isii keessa hin jirre, hedduu ida'at eef jecha, hanga shari'aa, isa duratti, namni hin haajamne takkatti. aadaa Rabbirraa, yoo nabiyyii takko erge, yoo inni nabiyyii shari'aadhan dhufe , taye, shari'aan, haaroyni, inni dhufeen, shari'aa nabiyyii isa duraa ni jirjiirti. namni dura dursoo shari'aadhan dhufe, nabi (nuuhgi}. Nabi yyiin shari'aa isaa jirjiire, nabi Ibraahiim, namni shari'aa isaa jirjiire nabi muusaa. namni shari'aa isaa jirjiire, nabi kgiisaa, namni shari'aa isaa waan haarawa fidee jirjiire nabi rnuhammadi tanaaf diin isaa diin hundaa ol taye,

وَكَفَىٰ بِٱللَّهِ شَهِيدٗا ٢٨
28}*Akka nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu, diin diin hundaa oliitin ergame Rabbiin ragaa bayuun ni gayaa, ragaan biraa hin barbaadamu.

مُّحَمَّدٞ رَّسُولُ ٱللَّهِۚ
*Nabi muhammad ergamaan Rabbiitifii

وَٱلَّذِينَ مَعَهُۥٓ
*Warri isaan wajji jiru asaabonni isaa,

أَشِدَّآءُ عَلَى ٱلۡكُفَّارِ
*Kuffaaratti garaa jabaatanii, hin nayaniif, rahgmata hin godhaniif,

رُحَمَآءُ بَيۡنَهُمۡۖ
*Ammoo isaan wal jiddu'utti rahgmata waliif godhan, wal jaalatan, akka abbaadhafii ilmo'otti,

تَرَىٰهُمۡ رُكَّعٗا سُجَّدٗا
*Isaan ni garta, isaanii rukuukga godhee sujuudu, Isaan guyyaa dhiira lolaatii, haIkan dhiira ibaada'aati jechu',

يَبۡتَغُونَ فَضۡلٗا مِّنَ ٱللَّهِ
*Isaan ibaadaa isaanitiin rahgmata Rabbiiti barbaadan,

وَرِضۡوَٰنٗاۖ
*Ammallee Rabbiin isaanirraa jaalatee, jannata isaan seensisuu barbaadan,

سِيمَاهُمۡ فِي وُجُوهِهِم مِّنۡ أَثَرِ ٱلسُّجُودِۚ
* Asxaan,yookaa alaaman isaanii fuula isaanirraa jirti. sun ifaa guyyaa qiyaama'aa, fuula isaanirraa mul'atuu, kan saniin, addunya'arratti salaatun isaanii beekkamu. sun faana isaan

sujuuda heddornmeysu'uutii, takkaa siimaa jechuun: qaaxiraa ibaadaa heddommeysu'urraa, guyyaa fuulli isaanii addaatu' jechu'. alaaman adda lafatti if rirrigu'uun argamtu alaamaa qur'aanni dubbate tanaa miti natti fakkaata waan fuula isaanii je'eef. haa tayuu isiinis asxaa salaatati takkaa (siimaa} jechuun sodaa Rabbii, tan fuula isaanirraa mul'attu. jechu',

ذَٰلِكَ *Kuffaaratti garaa jabaatanii mu'minaaf garaa laafun, salaata heddommeysun,

مَثَلُهُمۡ فِي ٱلتَّوۡرَىٰةِۚ *Sifa takkaa tilmaama isaanitti.sifa orrna islaamaa tan towraat keessatti dubbatamte,

وَمَثَلُهُمۡ فِي ٱلۡإِنجِيلِ * Ammoo tilmaamni orma islaamaa kan nabi muhammadiin wajji jiru kan injiil iisa'aa keessatti dubbatamte,

كَزَرۡعٍ أَخۡرَجَ شَطۡـَٔهُۥ * Akka firii midhaanii ta facaafamtee , magartee hidda lafatti hidhatte,

فَـَٔازَرَهُۥ *Duuba mayri sunjabeesse.

فَٱسۡتَغۡلَظَ *Furdatee,dame heddommeysee guddate,

فَٱسۡتَوَىٰ عَلَىٰ سُوقِهِۦ *Somayyoo isarra dhaabbatee lalise,

يُعۡجِبُ ٱلزُّرَّاعَ *Kan warra isa facaase arga'aafii heddominaan, gammachiisu, Injiil nabiyyicha maqaan isaa (AHMAD} je'amuutu ergamaa, hoggaa inni ergame,itti amanaa je'eeti ummata isaatii dhaamee, sifa inni beekkamuun hedduu isaanii hime. Sanirraa nabiyyicha saniifii,(nabi muhammadiifii}asaabonni isaa, akka firii takkitti lafatti darbanii, magartee heddommaattee,nama qote gammachiiftuti je'e. Dhugumaan fakkeessan kun nabiifii asaabaa isarra bu'e, maalif duraan nabi muhammad, kophaa isaati islaamatti nama yaamuu jalqabe isaa laafa'aa sun akka firi'iiti eegasii heddummaatee jabaate. duuba wanni Rabbiin nabi muhammadiifii diin isaa jabeessef, wanni akkanatti fakkeessef.

لِيَغِيظَ بِهِمُ ٱلۡكُفَّارَۗ *Akka sababaa saniin kuffaara aarsufi,

وَعَدَ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ *Rabbiin warra amanee waan gaarii dalageef,

مِنۡهُم *Ummata nabi muhammadirraa,

مَّغۡفِرَةً * Akka dilii isaanif araaramu,

وَأَجۡرًا عَظِيمًۢا ﴿٢٩﴾

29}*Ammallee jannata, qananii guddoo keessatti argatu seensisu'uuf if qabee jira . yaa Rabbi isaanirra nu godhi.